WIIRTUU LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FEDERAALAA

Seera Bulchiinsaa: Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Mana Murtiin Irra Deebi'anii Ilaaluu

Qopheessitoonni:

1. Shimallis H/waldi
2. Taaddasaa Gassasee

Bitootessa, 2001 (Finfinnee)

Afaan Oromootti kan hiikan:

1. Habtaamuu Bultii
2. Dassaaleny Biraanuu

Gulaaltotni:

1. Waaqgaarii Dullumee
2. Nooh Taakkalaa
3. Eebila, 2006 (Adaamaa)

Baafata

i. Seensa 4

1. Seera Bulchiinsaa fi Heera Mootummaa Rdf Itoophiyaa.....6

1.1. Ol'aantummaa Seeraa.....7

1.2. Ol'aantummaa Heeraa.....7

1.3. Mirga Haqa Argachuu.....8

Gaaffilee Marii 10

2. Mana Murtiin Murtiilee Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'anii Ilaaluu: Qajeeltowwan Waliigalaa 11

2.1. Haala Mana Murtii Alatti Qaama Bulchiinsaa Mataa Isaa Danda'een Murtiileen Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'amee Ilaalamu.....13

2.2. Haala Dhaaddachi Addaa Dhimma Bulchiinsaa Manneen Murtii Idilee Keessatti Argaman Irra Deebi'anii Ilaalan.....14

2.3. Haala M/Murtiin Murtiin Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'amee Ilaalamu 16

Gaaffilee Marii 18

3. Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'anii Ilaaluun Wal-Qabatee Aangoo M/Murtii Qabuu Fi Haala Raawwii Isaa.....19

3.1. Aangoon Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'anii Ilaaluu Ifatti M/Murtiif Yeroo Kennamu 20

Gaaffilee Marii 24

3.2. Aangoo Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'anii Ilaaluu Ifatti M/Murtiif Kennamuu Yoo Baate Maal Akka Ta'u.....25

Gaaffilee Marii 29

4. Rakkoowwan Raawwii Fi Hiikkoo Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebi'anii Ilaaluu Irratti Mul'atan.....30

Gaaffilee Marii 32

4. Yaada Guduunfaa 33

Ii. Waabiiwwan 35

I. Seensa

Barreeffamoota seenaa irraa hubatamutti mootummaaleen durii bara dheeraadhaaf akka hojii isaanii ijootti daangaa biyyaa eeguu fi daangaa biyyaa bulchan keessatti ammoo hojii seeraa fi sirna kabachiisuu hojjechaa turan. Mootummaaleen akkanaa adeemsa keessa guddina dinagdee fi hawaasummaa biyya isaanii keessatti shoora taphachuun mootummaalee jireenya lammii isaanii fooyyessaniin (welfare government) erga bakka bu'uu eegalanii oolanii bulaniiru.

Jaarraa 20^{ffaa} keessa mootummaaleen kutaa addunyaa adda addaa keessatti argaman itti gaafatamummaa isaanii dhimma dinagdee, fayyaa, nageenya fi akkasumas eegumsa naannoo lammilee fi kkf ilaalchisee yeroodhaa gara yerootti bal'achaa dhufe bahuuf hojii seerota hedduminaan baasuu fi qaamolee bulchiinsaa seerota kana raawwachiisan hundeessuu bal'inaan raawwataniiru. Yeroo ammaas mootummaaleen hojiilee bal'aa keessa galuun hojjechaa kan jiran waan ta'eef haalli hawaasa ammayaas walxaxaa waan ta'eef seeronni seera baastuun baastu dhimmoota hunda gadifageenyaan fi tarreeffamaan haguuguu sadarkaa hin dandeenyerra kan gahe waan ta'eef qajeeltowwan murtaa'an qofa qabiyyee seerichaa gochuun qaamolee bulchiinsaaf ammoo aangoo akka haala isaatti sababa irratti hundaa'uun seericha hojiirra oolchuuf isaan dandeessisuu (discretionary power) kennuun dhugaa seerota adda addaa keessatti ibsamee jiru dha.

Sababa armaan olitti ibsameen qaamoleen bulchiinsaa baay'achaa dhufan seerota isaan hundeessaniin fi seerota rogummaa qaban kan biroon itti gaafatamummaa isaanii bahaa jiraachuu mirkaneeffachuu fi aangoo isaaniirra darbuun mirga lammilee akka hin tuqneef sirnoota seeraa addaa addaa keessatti sirnoonni to'annoo garaagaraa diriirfamaniiru. Akka waliigalaatti sirnoonni to'annoo kun kan keessaa fi kan alaa jedhamee qoodamuu kan danda'u yemmuu ta'u kan jalqabaa to'annoo qaamni bulchiinsaa adeemsa hojii keessaa isaaniitiin raawwatan kan ilaallatu yemmuu ta'u inni 2ffaan ammoo kutaa seera baastuun, dhaabbata Abbaa-gariin, qaamota bulchiinsaa manneen murtii idileetiin ala ta'anii fi qaama aangoo abbaa seerummmaa qabaniin (administrative tribunals) fi akkasumas haala itti murtiileen qaama bulchiinsaa manneen murtii idileetiin irra deebi'amanii itti ilaalaman (judicial review) kan ilaallatu dha.

Seerri bulchiinsa kutaa seera hariiroo uummataa fi mootummaa bitu (public law) sochii qaamoleen bulchiinsaa adda addaa dirqamoota seeraan isaanitti kenname bahuuf taasisan hoogganu dha. Moojuliin kunis murtiilee qaamoleen bulchiinsaa adeemsa itti gaafatamummaa isaanii bahuu keessa kennan haala itti manneen murtii irra deebi'anii ilaalanii itti to'atan irratti xiyyeeffatee kan qophaa'edha.

Boqonnaa tokkoffaa moojulii kanaa keessatti tumaalee fi qajeeltowwan Heera mootummaa seerota bulchiinsaaf bu'uura jedhamanii fudhatamuu danda'an kan sakatta'u ta'a. Boqonnaa 2ffaa moojulii kanaa keessatti qajeeltowwan manneen murtii murtiilee qaamolee bulchiinsa wayita irra deebi'anii ilaalan ykn akkuma barbaachisummaa isaatti sirreessan bu'uura godhachuun madaaluu qaban kan ilaallu ta'a. As keessatti muuxannoo biyyoota sirnoota seera adda addaa hordofan fi seera bulchiinsaa cimaa ta'e qabu jedhamanii amanaman muraasa kaasnee gabaabumatti kan ilaallu ta'a. Boqonnaa 3ffaa keessatti hubannoof akka toluutti biyya keenya keessatti hojmaata haala itti manneen murtii murtiilee qaama bulchiinsaa irra deebi'anii ilaalaniin wal qabatee qabatamaatti jiru fi labsiileen muraasni manneen murtiif aangoo kennan ni ilaalamu. Boqonnaa 4ffaa keessatti manneen murtii yeroo murtiilee qaama bulchiinsaan kennaman irra deebi'anii ilaalanitti rakkooleen raawwii irratti mudatan ni ilaalamu. Dhuma irrattis hanga danda'ametti seerota rogummaa qabani fi murtiilee Manneen Murtii Federaalaan (murtii dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa kenne dabalatee) kennaman ka'umsa godhachuun manneen murtii wayita murtiilee qaamolee bulchiinsaan kennaman irra deebi'anii ilaalan muuxannoowan isaan hordofuu qaban kan filatamoo ta'an akeekuun kan gudunfamu ta'a.

Dabalataan xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii dhimmicha hubachiisuu irratti deeggarsa ni godhu jedhamee itti amaname teechifameera.

1. Seera Bulchiinsaa fi Heera Mootummaa RDF Itoophiyaa

Bu'aalee eegaman;

Leenjifamtootni xumura leenjii kanaarratti:-

- Tumaalee Heera mootummaa seera bulchiinsaa waliin walitti dhufeenya qaban adda baafatu,
- Shoora seerri bulchiinsaa mirga lammilee Heera mootummaa RDFIn mirkanaa'e kabachiisuu keessatti qabu ni hubatu,
- Seerri bulchiinsaa fi Heerri mootummaa walitti dhufeenya qabaachuun gama ol'aantummaa seeraa mirkaneessuutiin bu'aa inni qabu hubachuun hojiirra oolmaa isaatiif ni hojjetu.

Qorannoowwan dhimma Heeraa ilaalchisee taasifaman irraa akka hubatamutti Heeronni mootummaa kutaa addunyaa adda addaa keessatti bahan mirgi dhunfaa fi hawaasaa yeroodhaa yerootti haala fooyya'aa ta'een akka kabajamu danda'u fi faallaa isaatiin aangoon mootummaalee ammoo seeraan daangeffamaa akka deemaa jiru haala agarsiisuu hammatanii argamu. Dhimmi aangoo mootummaa daangessuu kun bittaa mootummaalee abbaa irree mormuun keessattuu Ameriikaa Kaabaa fi Awurooppaa keessaatti warraaqsoota gurguddoo adeemsifamaniin booda heerota mootummaa bahan keessatti kan calaqqise dha.

Biyya keenyattis akkuma biyyoota birootti raawwatame mootummootni fi dursitoonni gara bulchiinsaatti dhufan aangoo daangaa hin qabne kan qaban fi madda seeraas ta'anii fudhatamaa waan turaniif dhimmi aangoo mootummaa irratti daangaa taasisuu yeroo dheeraadhaaf kan hin turredha jechuun ni danda'ama. Heerri mootummaa barreeffamaan yeroo duraatiif biyya keenyatti erga bahee, bara 1931 A. L. Atti,eegalee heeronni mootummaa yeroo adda addaatti bahan sadarkaa murtaa'een hojmaata mootummaa ammayyummaa qabu fiduuf kan yaalan ta'ullee aangoo mootummaa daangessuun seeraa gaditti akka bulan taasisuuf waantota hedduun ni hafuun ture jechuun ni danda'ama.

Qajeeltowwan gurguddoon akka ol'aantummaa seeraa, ol'aantummaa Heeraa fi mirga haqa argachuu kan heera mootummaa biyyi keenya amma ittiin hoogganamaa jirtu, heera mootummaa

RDFI bara 1987 bahe, keessatti hammatamanii jiran haala walitti dhufeenya isaan seera bulchiinsaa waliin qaban ibsuun armaan gaditti gababinaan ilaalameera.

1.1. Ol'aantummaa Seeraa

Seensa Heera mootummaa RFDI keessatti Saba, Sab-lammiin fi Uummattoonni Itoophiyaa nageenya ittifufiinsa qabu, dimokiraasiin wabummaa qabu akka dagaaguu, guddinni dingadee fi hawaasummaa akka ariifatu, akkasumas sirna siyaasaa ol'aantummaa seeraa bu'uura godhate ijaaruuf jecha Heera mootummaa karaa bakka bu'aa isaanii akka mirkaneessan haala ifa ta'een taa'eera. Ka'umsi Heera mootummaa kun qaamoleen mootummaa seera baasan, raawwachiisan fi hiikan akkaataa seeraa qofatti akka hojjechuu qabanifi seeraa gadi ta'uu isaanii kan agarsiisudha.

Qaamoleen bulchiinsaa seerota qaama seera baastuun bahaniin hojiileemootummaaammayaawaa murtaawoo ta'an akka raawwwataniif gaafatamummaa fudhatanii hundeeffaman seerota hundeessaniin kanarra osoo hin darbin ykn hin cabsin akka hojjetaniif ol'aantummaan seeraa dirqama ta'a.

1.2. Ol'aantummaa Heeraa

Tumaan Heera mootummaa waa'ee ol'aantummaa Heeraa ibsu, heera Mootummaa RDFI kwt 9 cita xiqqaa (1) jalatti "seerri, barmaatiin akkasumas murtiin qaama mootummaa ykn abbaa taayitaa kamiyyuu heera mootummaa kana waliin kan wal faallessu yoo ta'e raawwatiinsa hin qabaatu" jechuun haala ifa ta'een tumuurra darbee cita xiqqaa (2) jalatti ammoo "lammiin, qaamni mootummaa, dhaabbileen siyaasaa, waldaalee biroon akkasumas abbootiin aangoo isaanii kamiyyuu itti gaafatamummaa heera mootummaa kabachiisuu fi heerichaaf hogganamuu qabu" jechuun tumeera.

Tumaan Heera mootummaa kun qaamoleen mootummaa kamiyyuu qaamolee bulchiinsaa dabalatee murtiilee isaan guyyaa guyyaan adeemsa hojii keessa kennan daangaawwan Heera mootummaan hammataman cabsuu akka hin qabne fi itti gaafatamummaa mirgoota namoomaa fi dimokiraasii lammilee kabajuu akka qaban fi mirgoota ibsaman faallessuun murtiin kennan gatii akka hin qabne agarsiisa.

1.3. Mirga haqa argachuu

Heera mootummaa FDRI kwt 37(1) jalatti "namni kamiyyuu dhimma murtiin murtaa'uu qabu mana murtiitti ykn qaama biroo seeraan aangoon abbaa seerummaa kennameefitti mirga dhiyeeffachuu fi murtii argachuu qaba" jechuun kan taa'e lammileen murtii qaamolee bulchiinsaa irratti mufii yoo qabaatan akkaataa seeraatti murtii qaama kanaa qorachuun furmaata kennuu kan danda'an manneen murtii idileetiin alatti kanneen akka qaama dhimma gibiraa irratti oliyyannoo dhagahuu ykn manneen murtii idileetti dhimma isaanii dhiyeffachuun haala itti furmaata argatan kan hammatudha jechuun ni danda'ama.

Marii gumiin heera baaftuu heera mootummaa Itoophiyaa kwt 37n wal qabsiisee taasise irratti mirgi haqa argachuu mataa isaa danda'ee kan taa'eef qaamoleen raawwachiistuun adda addaa aangoo isaanii dawoo godhachuun haala itti mirgoota namoomaa cabsan fi dhiiban jiraachuu waan danda'uuf namni kamiyyuu mirga haqa argachuu akka qabu hubachiisuuf akka ta'e ibsamuurra darbee akkaataa heerichaatti mootummaan dimokiraatawaan yoo hundeeffame aadaan mirgoota namoomaa fi dimokiraasii kabajuu fi kabachiisuu biyya keenya keessatti waan hin gabbanneef ykn ilaalchota garaagaraarraa ka'uun mirgoonni cabuu waan danda'aniif namni miidhaan irra gahe kamiyyuu, dhimmichi murtiin kan ilaalamuu danda'u hanga ta'etti, mana murtiif dhiyeessee mirga haqa argachuu akka qabu ibsameera. (Yaada marii gumii heera baaftuu Heera mootummaa Itoophiyaa, jildii 3, sadaasa 3-13/1987, fuula 12 fi 13)

Tumaa heera mootummaa kwt 37 irraa waanni biroon hubachuun nurra jiru dhimmi mana murtiitti dhiyaachuu qabu dhimma murtiin murtaa'uu qabu (justiceable matter) qofa akka ta'e fi qaamoleen bulchiinsaa keessattuu aangoo akka haala isaatti murteessuu (discretionary power) isaaniitti fayyadamuun sababaawaa dha jechuun murtiin imaammataa isaan kennan qaama aangoo abbaa seerummaa qabuun irra deebi'amee kan ilaalamu (Non-justiceable matters) akka hin taanedha. Labsiin lafa magaalaa haala Liiziin ittiin qabamu murteessuuf bahe, labsii lakk. 272/1994, jalatti lafa magaalaa tokko faayidaa uummataaf gadi lakkisiisuuf murtiin qaama bulchiinsaa ilaallatuun kennamu akka fakkeenya dhimmoota 'non-justiceable matters' ta'aniitti ilaalamuu danda'a.

Labsiin armaan olitti eerame kwt 2(7) jalatti haala ifa ta'een "faayidaa uummataa jechuun haala kallattiin ykn al-kallattiin faayidaa uummanni lafa irraa argatu mirkaneessuun fi haala misoomaa magaalaa itti fufiinsaan cimsuun bu'uura maaster pilaanii ykn karoora misooma magaalaatiin qaamni ilaallatu faayidaa uummataati jechuun kan murteessu dha. " Dhimma kana irratti murtii kan kennu 'qaamni ilaallatu' lafa magaalaa gadi lakkisiisuuf; liiziin hayyamuu fi bulchuuf qaama naannoo ykn bulchiinsa magaalaa aangoon kennameef akka ta'es labsicha kwt 2(6) jalatti ibsameera.

Dabalataan haala itti komiin dhiyaatu ilaalchisee labsichi kwt 16(3) jalatti dhimma ajaja gadi lakkisiisuutiin wal qabatee iyyannoon murtiif dhiyaatu kamiyyuu dursee qaamuma ajajicha kennetti fi oliyyannoon ammoo koree komii dhageessuu dhimma lafa magaalaa gadi lakkisiisuu ilaaluuf hundaa'etti akka ta'e fi akkuma haala isaatti manni murtii ol'aanaan ykn manni murtii dhimma magaalaan wal qabatu oliyyannoon ilaaluuf aangeffame ammoo dhimma beenyaa qofa irratti murtii kennuu kan danda'an ta'uun tumameera. Waan ta'eefis manni murtii idilee dhimma qaamni bulchiinsaa faayidaan uummataa jira jedhee murteesse irra deebi'ee ilaaluu fi jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu faayidaa uummataa ibsamee qorachuuf aangoo waan hin qabneef dhimmi kun yeroo ammaa biyya keenya keessatti dhimma qaama bulchiinsaatiif dhiifame 'non-justiceable matters' ykn dhimma imaammataa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Tumaaleen heera mootummaa armaan olitti ibsaman mootummaalee aangoon isaanii daangaa hin qabne irraa haala adda ta'een qajeeltowwan mootummaaleen seeraan daangeffaman biyya keenya keessatti akka hundee gadifageeffatan shoora taphatan kan tarreessan fi qaamoleen bulchiinsaa akkaataa seera isaan hundeesseetti hojii isaanii hojjechuu kan to'atu qajeeltowwan seera bulchiinsaaf bu'uura ta'an kan kaa'an hammateera jechuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

1. Seerri bulchiinsaa seera gosa akkamiiti?
2. Gama mirgoota lammilee Heera mootummaatiin mirkanaa'an kabachiisuu fi ol'aantummaa seeraa mirkaneessuutiin shoorri seera bulchiinsaa maali?
3. Armaan olitti akka fakkeenyaatti kan dhiyaate dhimma labsii lafa magaalaa liiziin qabachuuf irra deebi'ee bahe, labsii lakk. 272/1994 jalatti faayidaan uummataa jira ykn hin jiru jechuun murteessuuf aangoon kan qaama bulchiinsaati jedhamee ibsametti dabalee dhimmoonni imaammataa qaamolee bulchiinsaaf dhiifaman biyya keenya keessa jiruu? Irratti mari'adhaa.

2. Murtiilee Qaamolee Bulchiinsaa Mana Murtiin Irra Deebi'anii Ilaaluu: Qajeeltowwan Waliigalaa

Bu'aalee eegaman;

Leenjifamtootni xumura leenjii kanaarratti:-

- Safartuulee m/murtii bu'uura godhachuun murtiilee qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ittiin ilaalan adda baafatu
- Muuxannoo biyyoota tokko tokkoo keessatti Safartuulee m/murtii bu'uura godhachuun murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaalan ni hubatu
- Murtiilee qaama bulchiinsaa irra deebi'anii yeroo ilaalan qajeeltowwan waliigalaa m/murtii bu'uura godhatu adda baafachuun hojiirra oolmaa isaatiif ni hojjetu

Seensa moojulii kanaa irratti akkuma ibsamuuf yaalame qaamoleen bulchiinsaa bu'uura seera isaan hundeesseen kaayyoo hundeeffamaniif galmaan gahuuf aangoo seeraan kennameef keessatti hojjechuutu irraa eegama. Qaamoleen bulchiinsaa keessattuu yeroo aangoo akka haala isaatti hojiirra oolchan (discretionary power) fayyadamanitti angoo isaaniitiin ala bahaniiru ykn hin baane jedhanii murteessuun rakkisaa ta'ullee muuxannoon sirnoota seeraa adda addaa qaamoleen bulchiinsaa qajeelfamoota ofiin baasaniin aangoo bal'aa kana kan daangessan ta'uu agarsiisa.

Waa'ee dhimma murtiilee qaama bulchiinsaa manneen murtiin irra deebi'anii ilaaluu yemmuu kaasnu haalota lama adda baasnee xiinxaluu qabna.

- Inni 1ffaan qaamoleen bulchiinsaa aangoo akka haala isaatti sababa irratti hundaa'uun itti fayyadaman (discretionary power) bu'uura godhatanii wayita murtii kennan adeemsota isaan hordofuu qaban (mirga dhagahamuu abbaa dhimmaa kabajuun akka irraa eegamu, murtiilee kennaniif sababa eeruun akka irraa eegamu fi kkf) seerota qaamolee bulchiinsaa kana hundeessan ykn seerota biroo keessatti tarreeffamanii hogguu jiranitti haalota xiinxalamuu qaban kan ilaallatudha. Yeroo murtiilee qaama bulchiinsaa irraa qaamolee

mana murtiitti komiin dhiyaatu manneen murtii qaamoleen bulchiinsaa kun adeemsota seeraan tarreeffaman osoo hin hordofin murtii kan kennan ta'uu yoo mirkaneeffatan murticha kufaa gochuun adeemsa hordofee dhimmichi akka ilaalamuuf itti deebisuu qaba. (Murtiin haqamuu hayyama abukaatummaatiin wal qabatee Mana murtii Ol'aanaa Federaalaatti oliyyataa Daamxoo Gudiree ilaalchisee murtaa'e fi boqonnaa 3ffaa jalatti ibsame akka fakkeenyatti asitti ka'uu danda'a.)

- Inni 2ffaan ammoo haala itti qaamni m/murtii qabu murtiilee qaamoleen bulchiinsaa aangoo akka haala isaatti sababa irratti hundaa'uun fayyadaman (discretionary power) bu'uura godhatanii yeroo seerri adeemsaa tarreeffamaan hin jirretti kennan irra deebi'ee itti ilaaluun kan wal qabatu dha. Yeroo kanatti m/murtii murticha hundeerraa qorachuun ykn filannoo imaammataa taasisuun qoodinsa aangoo qaamolee mootummaa sadaniif taasifame keessa seenurraa (tuquurraa) of eeggachuun seerummaa murtii kennamee (qaamoleen bulchiinsaa kaayyoo dhaabbataniif irra ce'uun aangoo isaaniitti garmalee fayyadamuu isaanii fi kkf) irratti xiyyeffachuun murtii kennuu qabu.

Akkuma boqonnaa itti aanu keessatti ilaaluuf deemnu biyya keenya keessatti m/murtii murtiilee qaama bulchiinsaa irra deebi'anii kan ilaalan seerota adda addaa fi qajeeltowwan hojmaata abbootii seeraatiin gabbatan bu'uureffatanii waan ta'eef manneen murtii keessatti hojmaatni garaagaraa ni calaqqisa. Murtiilee qaama bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu ilaalchisee hanga seerri adeemsa bulchiinsaa adeemsa tokko hammatee bahutti muuxannoo biyyoota tokko tokkoo ilaaluun murtiilee tilmamamoo ta'an haala fooyya'aa ta'een kennisiisuu keessatti gumaachaa qabaachuu waan danda'aniif ilaaluuf ni yaalla.

Bu'uuruma kanaan haala itti caaseffama garaagaraa keessatti murtiileen qaamolee bulchiinsaa keessa deebi'amanii ilaalaman hubachuuf akka tolutti seera bulchiinsaatiin muuxannoo gaarii qabu jedhamanii kan filataman biyya Faransaay, Neezerlaand fi yunaayitid Kingidam keessatti m/murtii murtiileen qaama bulchiinsaa bu'uura seeraan kennamuu isaanii fi mirgi lammilee tuqamuu dhabuu isaanii mirkaneessuuf qajeeltowwan isaan bu'uura godhatanii murtiilee qaamolee kanaa sakatta'an akkaataa armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

2.1. Haala mana murtii alatti qaama bulchiinsaa mataa isaa danda'een murtiileen qaamolee bulchiinsaa irra deebi'amee ilaalamu

Sirna akkasii hordofuun adda dureen kan ibsamtu fi seera bulchiinsaatiin muuxannoo jabaa qabdi jedhamtee maqaan ishee kan dhahamu biyyi sirna seera ardii awuroopaa hordoftu biyya Faransaay dha. Biyyi Faransaay qaamoleen bulchiinsaa aangoo isaaniif kenname hogguu hojiirra oolchan seeraan ala akka hin hojjenne fi mirga lammilee akka hin tuqne qaamolee to'atan manneen murtii idileetiin alatti manneen murtii bulchiinsaa mataa isaanii danda'an hundeessuun beekamti.

Sirna kana keessatti namni mirgi koo murtii kennameen sarbameera jedhu dursee furmaatota qaamolee bulchiinsaa keessatti argaman hundatti erga fayyadamee booda gara mana murtii bulchiinsatti iyyachuuf carraa qaba.

Biyya Faransaayitti manneen murtii Bulchiinsaa sadarkaa sadii qabu. Isaanis;

I. Tiribunaalii bulchiinsaa (Tribunaux administratifs)
II. Manneen murtii oliyyannoo bulchiinsaa (court administrative d'appel)
III. Koonse deetaat (conseil d'etat) jedhamuun beekamu.

Komiiwwan murtiilee qaamolee bulchiinsaa irraa dhiyaatan sadarkaa jalqabaatti kan ilaalu Tiribunaalii bulchiinsaati. Namoonni murtiilee Tiribunaaliin bulchiinsaa kennanirratti komii qaban Manneen murtii oliyyannoo bulchiinsaatti iyyannoo dhiyeeffachuu danda'u. Manneen murtii oliyyannoo bulchiinsaa kun aangoo murtiilee Tiribunaalii bulchiinsaatiin kennaman guutummaa guutuutti irra deebi'anii dhagahuu ni qabu.

Murtii Manneen murtii oliyyannoo bulchiinsaa kenne irratti namni komii qabu manneen murtii bulchiinsaa sadarkaan jiran keessaa aangoo dhumaa ykn ol'aanaa kan qabu gara Koonse Deetaatti iyyannoo dhiyeeffachuun ni danda'ama. Dhimma bulchiinsaa irratti aangoo murtii dhumaa kennuu kan qabu kun komii murtii mana murtii oliyyannoo bulchiinsaa irraa dhiyaate kan qoratu guutummaa guutuutti yeroo 2ffaaf dhimmicha irra deebi'ee osoo hin taane

qajeeltowwan waliigalaa (Unwritten General Principles of law) muuxannoo yeroo dheeraa irraa ka'uun gabbisan bu'uura godhateeti. Qajeeltowwan kana keessaas;

- Keessattuu haala kaffaltii gibiraa, qabeenya uummataatti fayyadamuu fi kkf qajeeltoo wal qixxummaa (principle of equality)
- Adeemsa kenna murtii bulchiinsaa keessa seeronni adeemsaa (procedural rules) kabajamuu isaani fi qajeeltoo seerri sirnaan hiikamuun isaa itti qulqullaa'u fi
- Qajeeltoo madaala'ummaa (proportionality) keessattuu faayidaa uummataaf wayita qabeenyi dhuunfaa dhaalamutti murtiin qaamolee bulchiinsaa faayidaa dhuunfaa fi uummataa madaaluu isaa kan jedhu dha.

Akka armaan olitti gabaabumatti ilaaluuf yaalle seerri bulchiinsaa Faransaay Manneen murtii idileetiin alatti qaamoleen bulchiinsaa mataa isaanii danda'an fi qofaa isaaniitti aangoon kennamee fi bulchiinsa keessatti sadarkaa jalqabaatii hanga xumuraatti hundeeffamee seerummaa hojiilee qaama bulchiinsaa kan sakatta'u ta'uu akkasumas dhimma bulchiinsaa irratti aangoo murtii isa dhumaa kennuu kan qabu *Koonse deetat* dhimma bulchiinsaa irratti murtii kenname irra deebi'ee ilaaluuf qajeeltowwan waliigalaa qaamni murteessu seera sirriitti hiikuun isaa, tumaaleen seeraa adeemsaa sirnaan hordofamuun isaa fi mirgi wal qixxummaa lammilee sarbamuu dhabuun isaa fi kkf ittiin qulqullaa'u gabbisuun sirna qaamoleen bulchiinsaa aangoo seeraan kennameefiin ala osoo hin bahin hojjechuun isaanii ittiin mirkanaa'u ta'uun ni hubatama.

2.2. Haala dhaaddachi addaa dhimma bulchiinsaa manneen murtii idilee keessatti argaman irra deebi'anii ilaalan

Biyyoota manneen murtii idilee keessatti murtiilee qaamolee bulchiinsaa ilaaluuf dhaddacha addaa dhimma seera bulchiinsaa hundeessan keessaa muuxannoo biyya Neezelaand ni ilaalla. Biyyi Neezelaand seera bulchiinsaa waliigalaa (General Administrative Law Act/ Algemene Wet Bestuursrecht) qajeeltowwan komiin murtii qaamolee bulchiinsaan kennaman irraa dhiyaatu ittiin madaalamu ofi keessatti qabate bara 1994 A. L. A tti baafateetti.

Akka seera waliigala bulchiinsaa biyya kanaatti namoonni murtii qaamoleen bulchiinsaa kennan irratti komii qaban dursa adeemsa mormiin ittiin beeksifamu (notice of objection procedure)

bu'uura godhatanii sirna qaamolee bulchiinsaa keessatti diriirfameetti erga fayyadamanii booda murtii kenname irratti yoo mufii qabaatan gara mana murtii idileetti akka deemaniif haalli mijateera. Haaluma kanaan mana murtii idilee naannoo (district court) keessatti dhaddachi addaa seera bulchiinsaa dhimmoota bulchiinsaa ilaaluuf hundaa'eera.

Seerri bulchiinsaa waliigalaa Neezerlaand qajeeltoowwan adeemsaa (procedural norms) fi qajeeltoowwan bu'uuraa (substantive norms) dhaddachiseera bulchiinsaa yeroo murtiiwwan qaamoleen bulchiinsaa kennan irra deebi'ee ilaalu bu'uura godhatu haala ifa ta'een kaa'eera.

Qajeeltoowwan adeemsaa kan jedhaman keessaa,

- Qaamoleen bulchiinsaa murtii kennuun duratti ragaalee barbaachisoo ta'an funaanuu fi dantaawwan adda addaa madaaluu akka qaban kan agarsiisu qajeeltoo ofeeggannoo gochuu (Duty to care principle).
- Qaamoleen blchiinsaa murtii hogguu kennan murtii kennaniif sababa murtii kaa'uu akka qaban kan ibsu (the duty to give reasons) dha.

Qajeeltoowwan bu'uuraa kan jedhaman keessaa,

- Qajeeltoo qaamoleen bulchiinsaa aangoo seeraan kennameefitti garmalee akka hin fayyadamne dhorkuun kaayyoo hundeeffamaniin ala kan hin hojjenne ta'uu mirkaneessu (Prohibition against abuse of power).

- Faayidaan ajaja qaamoleen bulchiinsaa kennaniin argamuu fi miidhaan ajaja kanaan namootarra gahuu danda'u wal cinaa qabamee akka ofeeggannoon madaalamu qajeeltoo dirqisiisu qajeeltoo madaala'ummaa (Principle of proportionality)

- Qaamoleen bulchiinsaa dhimmoota wal-fakkaatan haala tokko ta'een akka ilaalan kan wal hin fakkaatne haala adda adda ta'een akka ilaalan kan dirqisiisu qajeeltoo wal qixxummaa (principle of equality) fi

- Qaamoleen bulchiinsaa haala hin eegamneen imaammata (policy) isaanii jijjiiruun haala ifa ta'een mirgi lammiilee akka hin sarbinetti of-eegannoo gachuu akka qaban qajeeltoon dirqisiisu qajeeltoon "Amantaa seerri guutummaatti hojiira ni oola" jedhu (Principle of legal certainty) caqasuun ni danda'ama.

Egaa akkuma armaan olitti gabaabinaan ilaaluuf yaalle biyya Neezerlaanditti murtiileen qaamolee bulchiinsaan kennaman dhaddacha addaa mana murtii idilee naannoo keessatti argamuun irra deebi'amee kan ilaalamu ta'uuni fi ulaagaaleen dhimmoonni kun ittiin madaalaman seeraan tarreeffamanii kan jiran ta'uun ni hubatama.

2.3. Haala murtiin qaamolee bulchiinsaa m/murtiin irra Deebi'amee ilaalamu

Biyyoota haala kanaan murtiilee qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaalan fi sirna seeraa Angiloo Ameerikaan hordofan keessaa tokko biyya Yunaayitid Kiingidam akka fakkeenyaatti ni ilaalla.

Qaamoleen bulchiinsaa aangoo isaaniif kennameen ala bahuudhaan mirga lammiilee akka hin dhiibne ykn toora aangoo isaanii keessatti qofa akka hojjetan mirkaneessuuf biyyi Yunaayitid Kingidam qaamolee murtiilee bulchiinsaa irra deebi'uun ilaalan kan akka Tiribunaloota bulchiinsaa, Komishinaroota paarlaamaa fi abba gar (parliamentary commissionor and ombudsmen)fi akkasumas Manneen murtii idilee hundeessuun hojmaata gabbisteetti.

Tiribunaalonni bulchiinsaa qabiyyee fi meeritii (substance and merit) murtiilee qaamolee bulchiinsaan kennamanii keessa seenee qorachuun murteessuu qabu. Tiribunaaliin bulchiinsaa kun murtii kennaniifis sababa kaa'uu akka qaban seerri bara 1992 A. L. A tti bahe fi 'Tribunals and Inquiry Act' jedhamu kutaa 10ffaa jalatti dirqisiiseera.

Manneen Murtii biyya Yunaayitid Kingidam murtii qaamoleen bulchiinsaa fi Tiribunaalonni bulchiinsaa kennan irra deebi'uun mirgi lammiilee akka hin cabne taasisuu keessatti shoora guddaa taphachuun amantaa uummataa horataniiru.

Aangoon irra deebi'anii ilaaluu manneen murtii idilee qajeeltowwan manneen murtiitiin gabbatan fi ulaagaalee akka seera qabeessummaa murtichaa (Legality), Seeraan ala ta'uu (illegality / unlawfulness), Sababa dhabeessummaa (irrationality and unreasonableness) fi haqummaa ykn qajeelummaa dhabuu adeemsaa (Procedural impropriety or unfairness) ofi keessatti hammatan kan bu'uureffatudha. Sirna kana keessatti manneen murtii bu'uura dhimmaa (merit) murtii qaamolee bulchiinsaa keessa osoo hin seeniin dhimmoota isaaniif dhiyaatan irratti hundaa'uun qajeeltoowwan abbootii seeraan gabbifaman kan akkaSeera qabeessummaa murtii bulchiinsaa, Seera adeemsaa hordofee murtaa'uu fi kkf sakatta'aa irraa deebi'uun itti gaafatamummaa isaanii bahaa jiru.

Manneen murtii komiin itti dhiyaate qaamoleen bulchiinsaa tumaalee seera adeemsaa tarreeffaman ykn seera abbootii seeraan baahan darbuun murtii kan kennan ta'uu yoo hubatan dhimmichi hanqina sirna adeemsaa (procedural ultra virus) akka qabutti fudhatanii akka hin raawwatamne taasisu.

Manneen murtii idilee Yunaayitid kingidam ulaagaalee armaan oliitti fayyadamuun yeroo murtiilee qaamolee bulchiinsaan yknTiribunaalota bulchiinsaan kennaman irra deebi'anii ilaalan muuxannoo adeemsa keessa gabbifatan bu'urreffatanii qorachuun murtiin kenname rakkoo kan qabu ta'uu yoo hubatan; ajaja murticha kufaa taasisu (Quashing order /certiorari), seera uumamaa cabsuu irraa akka of qusatu ykn dhorka daangaa aangoo isaarra akka hin tarre taasisu (Prohibition order), ajaja qaamni bulchiinsaa sun dirqama uummataa (Publicduty) akka bahu taasisu (mandatory order / Mandamus) kennuu danda'u.

Gaaffilee marii

1. Manneen murtii idilee adeemsa murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu keessatti daangaa aangoo isaanii irra taranii seeraan ala gahee hojii qaamolee bulchiinsaa keessa akka hin seenneef ofeeggannoo akkamiitu taasifamuu qaba?
2. Muuxannoo biyyoota sadan boqonnaa kana keessatti ilaalle irraa ka'uun qajeeltowwan ykn ulaagawwan sirna seeraa biyya keenyaatiin murtiilee qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluuf fudhatama qaban ykn fudhatamuu qabu jettan ulaagaalee isaan kami? Sababa kaa'uun irratti mari'adhaa.

3. Murtii Qaamolee Bulchiinsaa M/Murtiin Irra Deebi'anii Ilaaluu Fi Haala Raawwatiinsa Inni Biyya Keenya Keessatti Qabu

Bu'aalee eegaman:-

Leenjifamtootni xumura leenjii kanaarratti:-

- Aangoo m/murtii biyya keenyaa murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu ilaalchisee qabu adda baasanii ni hubatu,
- Aangoo m/murtii biyya keenyaa murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'ee ilaaluu irratti qabu ilaalchisee labsiilee jiran adda ni baafatu
- Murtii qaamolee bulchiinsa m/murtiin irra deebi'amee ilaaluu irratti hojimaata fooyya'aa adda baasuun hojiirra oolmaa isaatiif ni dhama'u

Kutaa olii keessatti ibsamuuf yaaliin akka taasifame, seerri adeemsa falmii bulchiinsaa [tokkummaa qabu] biyya keenya keessa waan hin jirreef sirni murtiileen qaamolee bulchiinsaan kennaman m/murtiin irra deebi'anii ilaalaman biyya keenya keessa jira jechuu haalli nama dandeessisu akka hin jirree ilaalleerra. Haalli kun akka uumamu sababoota taasisan keessa inni guddaan labsiileen aangoo fi gahee hojii qaamoolee bulchiinsaa tuman sirna ol'iyyannoon murtii isaan kennanirratti fudhatamu adda adda ta'uusaati. Kana jechuunis, labsiilee qaamolee bulchiinsaa hundeessuuf bahan keessaa muraasni namni murtii qaamolee kanneenitti hin quufne m/murtii sadarkaan jiranitti komii isaa dhiyeeffachuu akka danda'u kan akeekan yoo ta'u labsiileen tokko tokko ammoo komiin ijoo seeraa qofa irratti m/murtiitti ol'iyyannoon dhiyaachuu akka danda'u teechisanii jiru. Kanneen caqasaman kanarraa haala adda ta'een, labsiileen muraasni murtiileen qaamolee bulchiinsaa isa dhumaa akka ta'etti fudhachuun murtiiwwan sana irratti ol'iyyannoon dhiyaachuun akka hin dandeenye kan ibsan jiru; labsiileen biroon ammoo murtii qaamolee bulchiinsaa irratti komiin qaama kamittuu dhiyaachuu akka danda'u yookaan akka hin dandeenye utuu hin ibsin callisanii bira kan darban jiru.

Kutaa kana keessatti murtii qaamolee bulchiinsaa m/murtii idileen irra deebiyanii ilaaluu ilaalchisee yeroo seeraan ifatti kennamee jiruu fi yoo seeraan ifatti hin kennamne keessatti m/murtii gaaffii dhiyaatu haala itti keessummeessuu qabu dabaree dabareen ilaaluu yaalla.

3.1. Aangoon murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu ifatti m/murtiif yeroo kennamu

Qaamoleen bulchiinsaa aangoo seeraan kennameef hojiirra yeroo oolchaan haala seerri jedhuun raawwaachuu isaanii mirkaneessuu fi haala raawwannaa kana keessatti mirga lammiilee dhiibuu dhabuu isaanii karaa ittiin qulqulleeffatan keessaa tokko sirna m/murtii murtii isaan kennan irratti hnga ta'e to'annoo gaggeessun haala mijeessuun hojiirra oolchuu akka ta'e beekamaa dha.

Haaluma kanaanis, seera tumtuun labsii murtii qaamoleen bulchiinsaa kennan m/murtii idileetiin irra deebi'amanii akka ilaalaman ifatti teechisanii kan argaman jiru. Akka fakkeenyaatti muraasa caqasuuf,

- Baankiin biyyoolessa Itoophiyaa murtii haayyama hojii inshuraansii kenne haquu irratti namni komii qabu iyyannoo isaa m/murtii ol'aanaa mootummaa giddu-galeessaatti (yeroo ammaatti Federaala) dhiyeeffachuu danda'a (Labsii Hayyama Hojii Inshuraansii kennuu fi to'achuu irratti bahe, labsii 86/1986, kwt 7(2) fi (3)
- Adeemsa galmeessa filattootaa irratti falmiin yoo ka'e murtii waajjiira filannoo aanaa irratti namni komii qabu m/murtii aanaatti; adeemsa galmeessa kaadhimamtoota filannoo irratti falmiin yoo ka'e komiitee komii dhageessuu waajjira filannoo damee naannichaa jala jiraniin murtii kenname irratti namni komii qabu m/murtii waliigala naannichaatti; adeemsa sagalee kennuu irratti murtii komiitee komii dhageessuu naannichaa irratti namni komii qabu battalummatti m/murtii aanaatti; adeemsa lakkaa'uu fi bu'aa filannoo irratti komii ka'u irratti murtii boordii filannoo biyyoolessaan kennamu irratti namni komii qabu m/murtii waliigala federaalaatti ol'iyyata dhiyeessuu akka danda'u teechisee jira (Labsii seera filannoo Itoophiyaa fooyya'e, labsii lak 532/1999 kwt 92(6), 93(11), 95(l5) fi 96(4).
- Murtii gumiin ol'iyyannoo gibiraa dhagahu kenne dogoggora seeraa qaba jedhee gareen amanu kamiyyuu guyyaa 30 keessatti dogoggora seeraa jiru irratti m/murtii dhimmicha

keessummeessuuf aangoo qabutti dhiyeessuu ni danda'a (labsii galii gibiraa, Labsii lakk 286/1994, kwt 112(1))

- Hayyama abukaattummaa wajjiin wal-qabatee murtii Ministeerrri Haqaa kennu dogoggora seeraa qaba jedhee garee falmu murtichi kennamee guyyaa 30 keessatti m/murtii ol'aanaa federaalaatti iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a (labsii kenniinsaa fi galmeessa hayyama abukaattummaa manneen murtii federaalaa, labsii lakk 199/1992, kwt 19(1))
- Murtii m/murtii bulchiinsa dhimma hojjetoota mootummaa kenne dogoggora seeraa qaba jedhee gareen falmu murtichi kennamee guyyaa 30 keessatti ol'iyyannoo m/murtii waliigala federaalaatti dhiyeeffachuu ni danda'a (labsii hojjetoota mootummaa federaalaa, labsii lakk 515/1999, labsii lakk 76(2)) fi
- Murtii dhaabbatni tola-ooltummaa Itoophiyaa yookaan dhaabbatni tola-ooltummaa hawaasaa fi boordiin hawaasummaa kennan irratti namni komii qabu murtichi kennamee guyyaa 15 keessatti iyyata m/murtii ol'aanaa federaalaatti dhiyeeffachuu ni danda'a (labsii dhaabillee tola-ooltummaa fi hawaasummaa, labsii 621/2001, kwt 104(3)).

Labsiilee caqasaman kanneenii fi labsiilee wal-fakkaataan biroo keessatti murtiiwwan qaamolee bulchiinsaan kennaman irratti ol'iyyannoon m/murtii idileetti akka dhiyaatu kan ibsame yoo ta'u m/murtii idilee ijoo dhimmaa murtiin irratti kennamee utuu hin ta'iin ijoo seeraa irratti xiyyeeffachuu akka qaban akka waliigalaatti hubachuun gaarii dha.

Labsiilee armaan olitti ilaalle bu'uura godhatanii iyyatni m/murtii idileetti dhiyaatan m/murtiitti utuu hin dhiyaatin dura qaamolee bulchiinsaa keessatti furmaata kennamuu danda'u hunda ilaalanii erga ijibbatanii booda ta'uu qaba. Adeemsi kun ammoo komiin abbootii dhimmaa baasii fi dhamaatii guddaa malee akka xumuramu taasisuutti dabalatee m/murtii idilees heddummina dhimmaaf akka hin saaxilamne gargaara.

M/murtii idilees aangoo seeraan isaaniif kenname irratti hundaa'uun seerummaa murtii qaamoleen bulchiinsaa kennan hedduu kessummeessuun murtii kennaa jiru. Ijoo irratti dubbachaa jirruun wal-qabatee murtii m/murtii ol'aanaa federaalaa dhaaddachi ol'iyyata dhagahu lammaffaan galmee lakk 1965/92 irratti ol'iyyataa Daamxoo Gudiree fi d/kennaa

Ministeera Haqaa gidduu falmii ture irratti murtii kenname caqasuun ni danda'ama. Ijoon dubbichaas, bu'uura labsii galmeessaa fi kenniinsa hayyama abukaatummaa, labsii lak 199/1992 aangoo kennameen d/kennaan hayyama abukaattummaa ol'iyyataaf kennee ture manni maree mootummaa naannoo Oromiyaa Bitootessa 15 bara 1992 ol'iyyataan yeroo m/murtii turetti hanqina naamusaa qaba ture jechuun xalayaa barreessee irratti hundaa'ee hayyama kenne haqeera. Yeroo hayyamni kenname ol'iyyataan waraqaa ragaa naamusaa fi waraqaa gaggeessituu ol'iyyataan dhiyeessee kan ture yoo ta'ellee Ministeerrri Haqaa xalayaa mana maree Oromiyaarraa xalayaa ergame simachuun hayyamni ragaa sobaarratti hundaa'e waan baheef tarkaanfii kana akka fudhate ibseera. Ol'iyyataan gama isaaniitiin, bu'uura labsichaatiin dhimmi isaanii gumii naamusa abukaattotaatti utuu hin dhiyaatiin haayyamni isaanii akka haqame ta'uun dogoggora seeraati jechuun iyyata isaanii dhiyeeffatan.

D/kennaan gama isaatiin badiin jedhame utuu haayyamni hin kennamiin kan raawwate waan ta'eef dhimma gumii naamusa abukaattotaatti dhiyaatu miti jechuun tarkaanfiin fudhatame seera qabeessa jechuun falmeera. Bu'uura labsii lakk 199/92 kwt 29 aangoo m/murtii idileetiif kenne irratti hundaa'ee m/murtii dhimmicha qulqulleessaa erga turee booda gaafa 21/06/93 murtii kenneera:

> Ministeerrri Haqaa hayyama ol'iyyataaf kenne kan haqe yoo ta'ellee bu'uura labsii 199/92 murticha yoo ilaallamu adeemsa seerri teechise kan hordofe ta'ee hin argamu. Komiin ol'iyyataarratti dhiyaate gumii naamuusaatti dhiyaatee hin ilaalamne, gumichis falmii ol'iyyataa fuudhee hin sakattaane. Haala kanaan yoo ilaalamu tarkaanfii d/kennaan ol'iyyataarratti fudhate dogoggora seeraa kan qabu ta'ee argama jechuun murtii hayyama haqe diigeera.

Itti fufees, m/murtichaa ol'iyyataan ragaa sobaarratti hundaa'ee hayyama abukaattummaa fudhate kan jedhu yoo ta'e adeemsa labsichi kwt 29(2) jalatti kaa'e hordofuun dhimmichi gumii naamuusa abukaatotaan ilaalamee murtiin akka itti kennamu gochuu ni danda'a jechuun qajeelfama d/kennaatti kenneera. (Bu'uura labsichaatiinis gumii naamuusa abukaatotaatti iyyatni ol'iyyataa irratti dhiyaate waan hin jirreef gara hojii isaanitti akka deebi'an hubachuun ni danda'ama)

Murtii kanarraa akka hubanutti, qaamoleen bulchiinsaa seeraa raawwachiisan mirga lammiilee haala fooyya'aa ta'een akka kabajan taasisuu fi murtii haqa-qabeessarra akka gahan gochuuf qaamni seera baasu adeemsa seerri teechise faallessanii murtiiwwan kennaman mirga hojjetanii jiraachuu lammiirratti dhiibbaa geessisuu akka danda'anii dha. Itti dabalees, m/murtii idilee tokkoo tokkoo ijoo dubbii keessa utuu hin seenin adeemsa kenniinsa murtii qaamolee bulchiinsaa ilaaluun seeraa ala ta'ee yoo argame kufaa gochuun mirga lamiilee kabachiisuu keessatti gahee ol'aanaa akka bahan hubachuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

1. Murtii akka fakkeenyaatti armaan olitti dhiyaate (murtii ol'iyyataa Daamxoo Gudiree fi d/kennaa Ministeera Haqaa gidduutti m/murtii ol'aanaa federaalaatiin kenname) wajjiin waliigaltuu? Maaliif?
2. M/murtii ol'aanaa federaalaa murtii qaama bulchiinsaa irra deebi'ee akka ilaaluuf akka haal-dureetti (safartuutti) wanti kaa'ame maali? Safartuun kun armaan oli kutaa lammaffaa keessatti biyyoota muuxannoo isaanii ilaalle keessatti hangam hojiirra ooleera? Irratti mari'adhaa.
3. Murtii qaamolee bulchiinsaan kennaman irra deebi'ee ilaalamuun m/murtii, ol'iyyannoo idileerraa haalli adda itti bahu ni jiraa? Irratti mari'adhaa.

3.2. Aangoon murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu ifatti m/murtiif kennamuu yoo baate maal akka ta'u

Labsiileen qaamolee bulchiinsaa hundeessanii fi gahee hojii isaanii tarreessan tokko tokko komii murtiiwwan qaamolee kanneenii irratti dhiyaatu haala kamiin akka keessummaa'an ilaalchisee muraasni isaanii callisanii bira darbaniiru. Bakka kanatti, labsiin hundeeffama ejensii manneen mootummaa, labsiin lakk 555/2000 dhiyeenya bahe akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'a. Labsiilee akaakuu akkasii jalatti m/murtii seerummaa murtiiwwan qaamolee bulchiisaa irra deebi'anii ilaaluuf aangoo qaba jechuun ni danda'amaa? Haala akkasii keessatti m/murtii biyya keenyaa ejjennoo adda addaa utuu qabatanii mul'atu. Ejjennowwan kanneenis gabaabsinee akka armaan gadiitti ilaalla:

- Aangoon murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu ifatti m/murtiif kennamuu yoo baate seerummaa murtii qaamolee bulchiinsa sana sakatta'uu irratti m/murtii idilee utuu of-qusatanii mul'atu. Murtiin galmee lakk 9/87/25 mana murtii waliigala federaalaatiin kennamu bakka kanatti akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda'a. Murtii kanarratti, waldaan akasiyoona ergitoota jimaa tokkummaa Oromiyaa bahaa akka ol'iyyataatti Ministeerrri Daldalaa ammoo akka d/kennaatti kan dhiyaatan turan. Ol'iyyataan adeemsa seeraa utuu hin eeggatani d/kennaan hayyama daldalaa koo haqeera jedhee ol'iyyate. M/murtiis dhimmicha sakatta'aa erga turee booda Onkoloolessa 8 bara 1993 murtii itti aanee jiru kana kenneera.

> Labsiin lak 293/63 kwt 4 d/kennaan hayyama daldala biyya alaa kennuu fi labsicha kwt 7 fi beeksisa kutaa seeraa lak 224/64 kwt 9tti ammoo hayyama kenname haquuf mirga guutuu qaba. Seerota kanarraa akka hubatamutti aangoon hayyama kennuu fi haquu hojii bulchiinsaa waan ta'eef manni murtii kun dhimma kana fuudhee keessummeessuu waan hin dandeenyeef ol'iyyata dhiyaate kufaa taasifneerra jedha.

Haaluma wal-fakkaatuun, dhaabbata tola-ooltummaa Ogaadeenii fi Ministeera Haqaa gidduu dhimma ture irratti manni murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa naannoo Lidetaa dhaaddachi sivilii 7ffaa galmee lak19645 irratti murtii armaan gadii kenneera.

M/murtii murtii Ministeerri Haqaa kenne daangessuu kan danda'u hanga ministeerichi murtii dhumaa kennu qofatti. Murtiin kenname bu'uura seeraan ta'uu yookaan ta'uu dhabuusaa adda baasuuf m/murtii aangoo waan hin qabneef iyyata dhiyaate keessummeessuu hin danda'u. Bu'uura seera sivilii kwt 462(3)tti m/murtii raawwii murtichaa hanga ol'iyyannoon ministeerichatti dhiyaate murtii argatu qofatti dhorkuu waan danda'uuf ol'iyyannoo dhiyaate cimsuu isaa ministeerichi ragaa waan dhiyeesseef falmii garee lamaan kana gidduu jiru kufaa gochuun dhorkii Eebila 10 bara 1994 kenname akka ka'u murtaa'eera.

Falmii kana keessatti, ijoon iyyannoo dhiyaatee akka ibsutti, waajjirri galmeessa waldaalee Ministeera Haqaa jalatti kan bulu waan ta'eef haayyama waldaan kun haqe irratti komii dhiyaate ilaalchisee Ministeera Haqaa murtii isaa bu'uura dambii galmeessa waldaalee lak 321/1959 kwt 16(4) yaadasaa barreeffamaan gochuu qaba ture. Kanaaf, ministeerichi komii murtii jalaa cimsuu isaa qofa afaaniin ibsuun isaa dogoggora seeraati jechuun iyyataan iyyata dhiyeesse.

Bakka qaamoleen bulchiinsaa daangaa aangoo murtii keessatti kennan bal'aa qabanitti murtii kennaan barreeffamaan akka dhiyeessen taasifamuun aangoo qaban haala mirga lammiilee miidhuu danda'uun akka hin fayyadamne gochuu keessatti bu'aa qaba jedhamee amanama. Biyyoota muuxannoo isaanii kutaa lammaaffaa keessatti ilaalle keessaa m/murtii biyyoota Nezerlaandii fi Ingilaandi ulaagaalee murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ittiin ilaalan keessaa tokko murtii isaaniitiif sababa kennuu isaanii adda baasuu dha. Murtii armaan olitti ministeera haqaatiin kenname m/murtii ilaale ijoo dubbichaa keessa utuu hin seeniin murtichi adeemsa seera tumtuun kaa'e bu'uura godhate kan kenname ta'uusaa sakatta'uun ejjennoo barbaachisaa ta'e fudhateera utuu ta'ee kabajamuu seeraatiif gumaacha fooya'aa akka qabaatu ni amanama ture.

Faallaa ejjennoo m/murtii armaan olitti dhiyaate qabachuun, m/murtii tokko tokko kaayyoo murtii irra deebi'anii ilaaluu bu'uura godhachuun murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'ee akka ilaaluuf aangoo ifatti kennuu baatullee m/murtii murtii qaamolee kanaa irra deebi'anii ilaalan jiru. Murtiin himata sivilii kallatti mana murtii federaalaa ol'aanaan galmee lak 72790 irratti dhiyeenya kenname ejjennoo kanaaf akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda'a. Falmii sana irratti himataa ta'ee kan dhiyaate limiitidii Itoophiyaa Pool Reyos fi Ijoollee isaa yoo ta'u himatamaa

ta'ee kan dhiyaate ammoo ejensii manneen mootummaa dha. Himataan iyyata dhiyeesseen mana qabeenya dhuunfaa isaa ta'ee fi ministeera misooma manneen magaalaatiin waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa itti qaban, himatamaan "mana kireeffattee keessa jiraattaa jirtu kana akka gadi lakkiftu" jechuun akeekkachiisa guyyaa 10 bu'uura labsii hundeeffama ejensii manneen mootummaa lak 555/2000 kwt 6(3) kennuun jeequmsa nurratti kaaseera waan ta'eef jeequmsi akka irraa dhaabatu gaafateera. Himatamaan gama isaatiin m/murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo akka hin qabne, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa dhiyaate seeraa ala akka ta'ee fi kiraa kaffaluu qaban baayee kan hin kaffalee ta'uu isaanii fi ijoo kanarrattis waliigaluu isaanii kaasuun falmeera.

M/murtii dhimmicha qulqulleessaa erga turee booda Guraandhala 13 bara 2001 bu'uura labsii lak 555/2000 kwt 6(3) murtii laateen himatamaan kireeffattoota dirqama isaanii hin baane ofiisaatiin mana gadi lakkisiisuu akka danda'uuf aangoon qajeelfama ministeera misooma magaalaatiin Fulbaana 23 bara 2001 bahee hojiirra ooleen kan kennameef waan ta'eef m/murtii dhimma kana keessaa galuuf aangoo akka hin qabne ibseera. Haa ta'u malee, dhimma harkaa qabnu kana ilaalchisee himatamaanis akka amananitti, abbaa qabeenyummaa manichaa ammayyuu kan adda hin baane ta'uu isaati. Bu'uura seera sivilii kwt 1195tti abbaan qabeenyummaa qabeenya hin sochoonee kan mirkanaa'u waraqaa abbaa qabeenyummaa qaama aangoo qabuun kenname ta'uu fi m/murtichaas waraqaa abbaa qabeenyummaa himataan dhiyaate m/murtii ofiisaatii qaama dhimmi ilaalurraa kan qulqulleesse yoo ta'u ijoo falmiif ka'umsa ta'e kanas m/murtii fi qaama aangoo abbaa seerummaa qabu kan biraatti dhiyeessuun murtiin irratti akka kennamu gochuu akka danda'u haala armaan gadiin ibseera.

> Labsiin lak 555/2000 mana falmiin abbaa qabeenyummaa irratti hin kaane gadi lakkisiisuuf himatamaan mirga qaba. Mana abbaan qabeenyummaa isaa yeroo dheeraadhaaf falmisiisaa ture labsichatti qabachuun harkasaa galchuuf sochii himatamaan taasise seeraa ala. Kanaafuu, gochi himatamaan raawwate aangoo labsichi kenneefii ala (ultra virus) jechuun ajaja mana magaalaa finfinnee kutaa magaalaa Araadaa ganda 11 keessatti argamu irratti kenname akka ka'u akkasumas jeequmsi akka dhaabatu murteesseera.

Tumaa labsii lak 555/2000 irraa hubachuun akka danda'amutti seera tumtuun labsii kana baasuun Ejensii manneen mootummaatiif kenne kiraa manneen mootummaa irraa barbaadamu kaffalchiisuun wal-qabatee rakkoo uumamu hatattamaan furuun faayidaa mootummaa eegisuuf akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, Egensiin manneen mootummaa ergama seera tumtuun itti kenne irraa fagaatee deemuun qabeenya dhuunfaa heera mootummaan beekamtii argate tarkaanfii miidhuu danda'u fudhachuuf yaaluun isaa deeggarsa seeraa hin qabu jechuun ni danda'ama. Muuxannoo isaanii kutaa lammaffaa keessatti ilaalle irratti tarkaanfiin qaama bulchiinsaa akkasii biyya Neezerlaanditti '*Prohibition against abuse of power'* qajeeltoo jedhurratti hundaa'uun; biyya Ingiliziitti ammoo '*procedural ultra virus'* qajeeltoo jedhuun kufaa kan taasisan ta'uu ilaaluun keenya ni yaadatama.

Dhimma Limiitidii Itoophiyyaa Pool Reeyosi fi Ijoollee isaa irratti murtiin kenname aangoo seera tumtuun Ejensichaaf kennee fi kaayyoo kara seerichaa galmaan gahuu barbaadee ala deemuun mirgi lammiilee akka hin sarbamneetti murtichi qaama bilisummaa qabuun irra deebi'amee akka ilaalamu ta'uun faayidaa qaba; kanaafuu, bakka seerri murtiin qaama bulchiinsaa m/murtii idileettiin irra deebi'amee ilaalamuu ni danda'a utuu hin jedhin callisee darbettillee m/murtii hojii kana yoo hin hojjenne mirgi lammiilee hangam miidhamuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

1. Murtiiwwan armaan olitti kennaman sadan sirrii dha jettuu? Sababa isaa dhiyeessuun irratti mari'adhaa.
2. Dhimma Poolii Reeyosii fi Ijoollee isaa Itoophiyaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e kan Eejensiin manneen mootummaa garee falmii ture irratti, adeemsa m/murtii idilee murtii Eejensii manneen mootummaa kenne irra deebi'ee ilaaluuf fayyadame kutaa lammaffaa keessatti muuxannoo isaanii kan ilaalle keessatti hangam hojiirra ooleera? Irratti mari'adhaa.

4. Rakkoowwan raawwii fi hiikkoo murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu irratti mul'atan

Bu'aalee eegaman:-

Leenjifamtootni xumura leenjii kanaarratti:-

- Rakkoowwan hiikkoo fi raawwii murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluun wal-qabaatani mudatan adda ni baafafu,
- Adeemsa murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluu keessatti rakkoowwan jiran furuu kan dandeessisan hojimaata filatamoo yookaan hiikkowwan dandeettii hojiirra oolchuu ni hortu

Heerotni mootummaa baay'een bara kana keessa jiran qaamolee mootummaa sadan (seera tumtuu, bulchiinsaa fi seera hiiktuu) gidduutti aangoo akka qoodan ni beekama. Qaamolee mootummaa caqasaman kanneen gidduutti hojii walii to'achuu biyyootni baay'een itti hojjechaa kan jiran yoo ta'ellee to'annoon kun aangoo qaamolee kanaaf kenname kan faallessuu akka hin taane mirkaneessuun barbaachisaa dha.

Murtii qaamolee bulchiinsaa mana murtii idileetiin irra deebi'anii ilaaluun wal qabate rakkoowwan mul'atan keessaa tokko dhimma (ijoo) seera tumtuun, qaamni bulchiinsaa murtii irratti haa kennu jedhee adda baase m/murtii idilee daangaa darbuun ilaaluu isaaniiti. Murtiiwwan yaadni kun irratti calaqqise muraasaa ilaaluuf, m/murtii ol'aanaa federaalaa galmee lak 2384 irratti mudde 15 bara 1997 murtii m/murtii jalaa cimse ilaaluun ni danda'ama. Dhimma kanarratti Ol'iyyataan abbaan taayitaa wabii hawaasummaa yoo ta'u d/kennitootni Biraanuu Iruhi fi Kabbadaa G/Maariyaam gidduttii turan. Ol'iyyataan yeroo d/kennitootni ministeera barnootaatti qacaramanii hojjechaa turan miindaa isaanii %4 akkasumas hojjechiisaarraa %6 kutuun sooramaaf jedhamee citaa ture kara mana barumsaa Lisee G/Mariyaama bakkatti akka deebi'u; ol'iyyataan herrega d/kennitootaa irraa hayyama isaanii malee muruun mana barumsaa Lisee G/maariyaamitti galii taasisaa ture bakka turetti akka deebisu jechuun murtii m/murtii jalaa cimsuun murteesseera.

Murtiin m/murtii armaan olitti kenname tumaa labsii hundeeffama abbaa taayitaa wabii hawaasummaa lak 38/1988 kwt11(1) dhimma mirgaa fi faayidaa wabii hawaasummaa ilaallatan irratti murtii abbaan taayitichaa kennu gumii dhagaha ol'iyyannoo wabii hawaasummaan murtiin dhumaa irratti kennama kan jedhuu wajjiin hin deemu. Dhimmi kun Ijibbaata federaalaa galmee lak18342 irratti Mudde 17 bara 1998 ilaalamee murtii kenname irratti "murtii gumiin dhagaha ol'iyyannoo ijoo dubbiirratti kenne isa dhumaa waan ta'eef murtii manneen murtii jalaa kennan dogoggora bu'uura seeraa qaba " jechuun murtiiwwan kennaman haqeera.

Murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluun wal-qabatee rakkoon gama biraan mul'atu murtiin qaama bulchiinsaan kennaman isa dhumaa ta'u labsiileen bakka ifatti hin teechifnettis ta'e haala ifa ta'een m/murtii idileetiif aangoon bakka hin kennamnetti ilaaluu hin dandeenyu ejjennoo jedhuu dha. Ejjennoo kana fakkeenyaan deeggaruuf, falmiiwwan waldaa aksiyoona ergitoota jimaa tokkummaa Oromiyaa bahaa fi Ministeera Daldalaa gidduu ture akkasumas dhaaba tola-ooltummaa Ogaadenii fi Ministeera Haqaa gidduu turan irratti murtiiwwan m/murtii dhimmoota kanneen keessummeessan yaadachuun gahaa dha.

Murtii qaama bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluun wal qabatee ejjennoowwan adda addaa m/murtii qabatu qaamoleen sun aangoo isaanii haala seerri jedhuun itti fayyadamaa jiraachuu isaanii mirkaneessuu fi kabajamuu mirgoota lammiilee ilaalchisee miidhaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Itti dabalees, murtii qaama bulchiinsaa m/murtii idilee irra deebi'ee ilaaluu (judicial review) fi heerummaa seerotaa manni maree federeeshinnii ilaaluu (constitutional review) gidduu garagarummaan akka jiru hubachuun barbaachisaa dha. m/murtii idilee murtii qaama bulchiinsa irra deebi'anii ilaaluuf safartuu (ulaagaa) kan taasifatan seerota mana mareen bahan yoo ta'u daangaan aangoo isaanis murtii qaama bulchiinsaan kenname diiguu (kufaa gochuu) fi kkf irratti kan daangahee dha. Bu'uura heera mootummaa federaalaa kwt 62(1) heerummaa seerotaa qulqulleessuuf aangoo kan qabu mana maree federeeshinii yoo ta'u seerotni heeraa wajjiin kan wal-dhiitan yoo ta'e kufaa ni taasisa jechuu dha. Kanaafuu, m/murtii biyya keenyaa heerummaa seerotaa irratti murtii dhumaa kennuu kan danda'u mana maree federeeshinii waan ta'eef murtii kennuu kan hin dandeenye yoo ta'ellee seerummaa murtii qaamolee bulchiinsaa mirkaneessuu wajjiin garagarummaa kan qabu ta'uusaa adda baasanii hubachuun barbaachisaa dha.

Gaaffilee Marii

1. Murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluun wal qabatee hanqina (rakkina) m/murtii jedhamuun xuqaawwan armaan olitti ibsamani wajjiin waliigaltuu? Maaliif?
2. Murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluun wal-qabatee ejjennoo fooyya'aa dha jettan ejjennoo akkamiiti? Sababaan deeggaruun ibsaa.

4. Yaada Guduunfaa

Yeroo gara yerootti gahee hojii mootummaa bal'achaa deemaa jiru raawwachiisuuf qaamolee bulchiinsa mootummaa seerota seera tumtuun baasuun hundaa'an haala seera hundeeffama isaaniitiin hojjechuu isaanii sirni ittiin to'atan haala gahaa ta'een hin diriiru taanaan mirgi lammiilee sarbamu irra darbee faayidaa uummataa kan akka hawaasummaa, siyaasaa fi dinagdee balaa irratti kufuu ni danda'u.

Bu'uuruma kanaan, qaamoleen bulchiinsaa haala seerri ajajuun aangoo isaani keessatti hojjechuu fi mirga lammiilee kan hin sarbine ta'uu mirkaneessuuf seerummaa murtii isaanii irratti to'annoo gochuun dhimma guddaa seerri bulchiinsaa irratti xiyyeeffatu ta'uu ilaalleerra.

Biyyootni sirna seeraa hordofanii fi haala qabatama biyya isaaniitti sirna seerummaa murtii qaamolee bulchiinsaa ittiin mirkaneeffatan adda addaa qabu. Haa ta'u malee, murtii qaama bulchiinsaa irra deebi'anii ilaaluuf safartuwwan hordofan ilaalchisee wanti wal isaan fakkeessu hedduu ta'uu ilaalleerra. Biyyoota muuxannoo isaanii ilaalle keessatti tokko tokko ijoo dubbiitti gadi utuu hin bu'iin murtiin qaamolee bulchiinsaa aangoo qaamolee bulchiinsaa keessatti kan kennamanii fi seerummaa murtichaa qulqulleessuun mirga lammiilee haalli kabachiisuuf adeemamu jiraachuu ilaaluuf yaalleerra.

Biyya keenya keessatti tokkoo tokkoo adeemsa murtiin qaamolee bulchiinsaa irra deebi'amee m/murtii idileetiin ilaalamu bitu seerri adeemsa falmii bulchiinsaa kan hin jirre yoo ta'ellee seerota adda addaa keessatti haala m/murtii komii murtii qaamolee bulchiinsaa irratti dhiyaatan keessummeessuun seerummaa isaanii mirkaneessu kan jiru ta'uu ilaalleerra. Seerri ifatti aangoo kana m/murtiif kennuu yoo baatellee hanga seerri ifatti hin dhorkineetti tarree ijoo dubbii murtiin irratti kennametti gadi utuu hin bu'iin aangoo seera hiikuu qabanitti fayyadamuun seerummaa murtiicha ilaaluun to'annoo gochuutu irraa eegama.

Qaamoleen bulchiinsaa itti gaafatamummaa seerri itti kenne yeroo bahanitti murtii haqa qabeessaa fi mirga lammiilee hin dhiibnerra akka gahaniif ulaagaalee seera adeemsaa seera tumtuun teechifaman kan akka abbaa dhimmaa dhagahuu, murtii kennaniif sababa kaa'uu fi kkf kabajamuu isaanii mirkaneessuun ol'aantummaa seeraa Heera mootummaa DRFI keessattii beekamtii argate kan ittiin kabajamu waan ta'eef m/murtii murtii qaamolee bulchiinsaa irra deebi'anii yeroo ilaalan xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuu qabu.

II. Waabiiwwan

A. Murtiiwwan M/murtii

- Obbo Daamxoo Gudaree fi Ministeera Haqaa, galmee sivilii lak 1965/92
- Waldaa aksiyoona ergitoota jimaa tokkummaa Oromiyaa bahaa fi Ministeera Daldalaa, galmee sivilii lak 9/87/25
- Dhaabbata tola-ooltummaa Ogaaden fi ministeera haqaa, galmee sivilii lak 19645
- Limitidii Itoophiyaa Pool Reyosii fi ijoollee isaa fi ejensii manneen mootummaa, galmee sivilii lak 72790
- Abbaa taayitaa wabii hawaasummaa fi obbo Biraanuu Iruyi fi obbo Kabbadaa G/Maariyaam, galmee sivilii 18342

B. Seerota

- Heera mootummaa RDF Itoophiyaa
- Labsii haayyama hojii insuraansii kennuu fi to'achuuf bahe, labsii lak 86/1986
- Labsii seera filannoo Itoophiyaa Heera RDFI wajjiin walsimsiisuuf bahe, labsii lak 111/197
- Labsii hundeeffama abbaa taayitaa wabii hawaasummaa, labsii 38/1988
- Labsii galii gibiraa, labsii lak 286/1994
- Labsii lafa magaalaa liiziin qabsiisuuf lammata tumamee bahe, labsii lak 272/1994
- Labsii kenniinsaa fi galmeessa hayyama abukaattummaa federaalaa, labsii lak 199/1992
- Labsii hojjetoota mootummaa federaalaa, labsii lak 515/1999
- Labsii hundeeffama ejensii manneen mootummaa, labsii lak 555/2000
- Labsii hawaasummaa fi dhaabbilee tola-ooltummaa, labsii 621/2001

C. Kitaabota

- Auby B. J. , ”Administrative Law in France”, Administrative Law of the European Union, Its Member States and the United States(2002)
- Cranston R. “Reviewing Judicial Review,” Administrative Law and Government Action: The Courts and Alternative Mechanisms of Review (Oxford, Clarendon Press, 1994.)
- Edley F. C. , Administrative Law: Rethinking Judicial Control of Bureaucracy, (Newhaven, Yale university press, 1990.)
- Jones B and Katharine Thompson,”Administrative Law in the United
- Kingdom,”Administrative Law of the European Union. Its Member States and the United States. A Comparative Analysis. (2002)
- Seerden R., and F. Stroink, “Administrative Law in the Netherlands”, Administrative Law Of the European Union, Its Member States and the United States (2002)
- Stroink F. , ”Judicial Control of the Administration’s Discretionary Power” Judicial Control: Comparative Essays on Judicial Review, (1995)
- Thompson B. , Constitutional and Administrative Law,(London, Blackstone Press Ltd. 3rd edition, 1997)